Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Intala Ishee Marsaa Lama Jiraatte

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Janie Forest, Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Ruth Klassen

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2022 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Yaayiros geggessaa amantii warra Israa'elootaa
Waaqa ittii waaqessaniif namoota biroof Waaqayyoon
itti barsiisaniidha. Guyyaa tokko haala hamaa ta'een
wanti hamaan Yaayirositti dhufe.
Intalli inni jaalatu waggaa
kudha lamaa dhukubsatte.
Namin ishee gargaaru
tokko danda'u dhabame.
Dhukubichi dhukkuba
hamaa ture.
Yaayiros akka
intallisaa
duutu
bare.

Nama tokko qofau intala Yaayirosiin gargaaruu danda'e. Yaayiros Yasusiin barbaadee gara manaa fide. Hiriyoonni amantii Yaayiros Yasusiin waamuu isaaf beekamtii akka isaan hin laanne beekee bakka hin laanneef.

Yaayiros Yasus namootaan marfamee arge.
Yaayiros jilba Yasus irratti kufe. "Intalli koo ishee xiqqoo naduraa du'uufii kottuu naaf fayyis ittiin jedhe," kadhate. "Kottuu harka irra naaf kaa'I naaf fayyitii," jedheen.

Yasus gara Yaayiros deeme. Garuu sababa namooti baayeen wal dhiiban irra ka'uun ariitiin deemuun hin danda'amne. Dubartii waggoota kudha lamaaf baayyee dhukubsatte doktorota bira deemetee horii ishee danuu kan baafte gargaarsa fayyinaaf ta'u hin arganne tokko turte. Oh akkamitti Yasusiin barbaadde!

Dubartittiin maal gochuu qabdi?
“Uffata isaa yoon tuqe nan fayya,” jette.
Hamma dheerina inchiidhaa Yasusitti
dhiyaatte harka ishee dheeressuun
fixee uffata Yasuusiin tuqixe.

Dinqiidha! DINQIIDHA! Dubartittiin hin fayyite. Battaluma sana! Guutummaan guutuutti fayyite! Guutummaan gutuutti akka fayyaa taate barte. Yasuus eenyutu natti bu'e jechuun Yasuus gaafate. Namin waldhiibaa jiru keessaa itti bu'e fayye akka jiru waan beekuuf Dubartitti fixee uffata isaa tuqixee fayyite itti himuu barbaadde. Ofitti amanamummaa seenaa hundumaa Yasusitti himte.

Isa booda, tajaajiltooti mana Yaayiros irraa dhufan. Utuu isaan hin dubbatin fuula isaani irraa akka isaan seenaa gaddisiisaa dubbachuuf ka'antu irraa mul'ata.

"Yaayiros intalli kee in duute!" jechuun itti himan. Duutee! In barfate goofataan Yasus. Utuu dubartittiin ... tursuu baattee inatll Yaayiros warqeen sun hin duutu ture garuua amma dafee waan achi hin geenyeef duute.

Yasus yeroo seenaa du'a ishee dhaga'e, "Hin sodaatin jedhee deebissef, amani duwwaa, infayyiti."

Yasusitti amanuuf hagam
Yaayirositti ulfaatadha.
Intalli isaa duuteetti.

Mana isaatti intala duuteef gadda taa'an. "Isheen hin dune, rafaa jirti," jedhe Yasuus isaanitti hime. Akka inataIli duute waan beekaniif yeroo inni akkas jedhu itti kolfan.

Hunduma isaanii ala baasee
harka isaan intala ol qabee
“Intala xiqqoonana ka’I,”
ittiin jedhe.

Yeroo Yasus diqii kana raawwatu Yaayiros achi jira. Haatimnaa isaas achuma jirti. Duuka buutoti gooftaa sadiis achuma jiru. Hundumsti isaanii sagalee Yasus dubbate dhag'aniiru. Intalli duute turte dhageese, isaanis?



Inattalli duute ajaja Yasusiin dhageesse! Hafuurri ishee in deebi'eef akkuma sanaan kaate. Yasuu du'a keessaa ishee kaase.

Maatiin intalaa baayyee in dinqisiifatan. Waan isheen nyaattu akka laataniif Yasus maatii ajaje. Gammachuu akkamiin guutaman; guddummaan Yasus hammami. Jaalalli isaa fi humni isaa intala duute deebisee jiraataa
taasise.

Intala Ishee Marsaa Lama Jiraatte

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Marqoos 5, Luqaas 8

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16